كيفية **الطهارة**

والصلاة

باللغة الأوروومية

اعداد أحمد عارف محمد

Akkaataa itti Qulqulleeffatanii

fii

akkaataa itti salaatan

afaan oromoo tiin

Qoppeessaan Ahmadarif Muhamed

****

بســـــــــــــم الله الرحمن الرحيم

Bismillaahirrahmaanirrhiim

Faaruun ka Rabbiiti galannillee kama isaati ngayaa fii rahmanni ergamaa isaa irratti haa jraatu.

Eegakanaa

Waan salaanni utubaa islaamummaa taateef, ammas hundee lammeessoo waan taateef hundeelee islaamummaa irraa akka jabaa itti yaaduun barbaacchisaadha , isii fii waan isiif barbaacchisullee, kanaafuu haasawa gabaabaa kana keessatti akkaataa itti dhiqatanii fii akkaataa itti wuduu'a godhatan akkasuma akkaataa itti salaatan , hundeelee isiitii fii dirqamoota() isii akkasuma sunnaalee isiillee ka uf keessatti qabate, afaan oromoo tiin isinii haasayaa, sirritti hubaddhaa, ittillee dalgaa, yaa Rabbii keenna akkaataa dalagaa teenna ittiin tolfannu nubarsiisi, aamiin.

****

كيفية الغسل

Akkaataa itti dhiqatan

1. Qaama dhiqaddha jecchuu hamiluu (niyyatuu)
2. Bismillaahi jecchuu.
3. Wuduu'a guututti godhatuu (miila malee)
4. Bishaan wayta sadi matarratti naqatanii qoqqotanii jala seensisuu.
5. Eegasanii nafa hunda waliingayanii dhiqatuu.
6. Miila yooduraa dhiisan san dhiqatuu (yoo haga dhiqatan kana wuduua hin balleesin , yoo bade wuduu'a itti deebian.Dhiqatiisa keessatti karaa mirgaa dursuu bitarra.

كيفية الوضوء

Akkaataa wuduua itti godhatan

1. Bishaan qulqulluu fudhatuu .
2. waan qaama wuduuaa irratti maxxanee jiru ufirraa deemsisuu, waan Bishaan qaama sanitti gayuu dhooggu.
3. Rigaadhaan rigatuu (siwaakatuu)
4. Bismillaahi jecchuu.
5. Wuduua godhaddhaa hamiluu takkaa yaaduu (niyyatuu)
6. Harka shanaccha lamaan dhiqatuu wayta sadi.

7. Afaan lulluuqatuu,funnyaanittillee bishaan ol fuudhatuu,ka funnyaanitti ol fuudhan san harka bitaatiin gadi deebisuu,wayta sadi.

8. Fuula wayta sadi dhiqatuu (fuulli dheerinnatti bakka Rifeensi Mataa itti margurraa kaee haga lafee areedaati,dalgatti gurrarraa
haga gurra kaaniiti)

9. Areeda qoqqotanii bishaan jala seensisanii dhiquu

10. Harka mirgaa ciqilee waliin yeroo sadih dhiqatuu , bitaallee akkasumatti dhiqatuu,qubbiin keessallee bishaan seensisuu.

11. Mataa gubbaa (rifeemsa)haquu takkaa quyyisuu yeroma takka (Harka lamaan fuuldura mataa irra kaayanii haga duubaatti acchi buusanii acchirraa bakka iraa jalqabanitti deebisan) Gurrallee bishaanuma saniin quyyisan ,(quba arrabsituu gurra keessa seensisanii quba guddaa duuba gurraa irra ol deebisan)

12. Eegasii miila mirgaa dhiqatuu kiyyoo waliin , ka bitaallee akkasumatti dhiqatuu , qubbiin keessa bishaan seensisanii, wayta sadi takkaa shan takkaa haga qulqulleessanitti.

13. Akka amma dubbatame kanatti walitti aansanii dalaguu.
14. Walfaana oofuu (ka jidduun addaan kutanii hin jenne haga qaamni dura dhiqame gogu takka)

15. Wuduua kana tokko tokkoo fii lama lamaa fii sadi sadi ttillee godhatuun nitaha, haatayuu sadi sadi godhuutu irra caalaa.
16. Akkanatti wuduua godhatanii yoo geessan akkana jedhanii duaayii godhatan: (Ash hadu an laa ilaaha illa llaahu wahdahuu laashariika lahuu , wa'ash hadu anna Muhammadan abduhuu warasuuluhuu) (Allaahumma ij'alnii mina ttawwaabiina waj'alnii minalmutaxhhiriina)

(أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ ، وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ
{ اللَّهُمَّ اجْعَلْنِي مِنْ التَّوَّابِينَ . وَاجْعَلْنِي مِنْ الْمُتَطَهِّرِينَ) }

صفة الصلاة

Akkaataa salaataa

1. Namni dandayu Gara qiblaa (ka'abaa) garagalanii dhaabatuu .

2. Salata salaatamuf deemu kana qalbitti yaaduu (niyyatuu)
3. Harka lamaan ol fuudhuu(ceekutti takkaa gurratti qixxeessanii)



4. Allaahu akbar (الله أكبر) jedhanii hidhatuu.
5. Harka mirgaa bitarra kaayanii qomarra kaayatuu.
6. Ijaan bakka sujuudaa laaluu.

7. Du'aaii salaataan banan qarauu, isiinis (allaahumma baaid beynii wabeyna kaxaayaaya kamaa baa'adta beynalmshriqi walmagribi, allaahummaa naqqinii min

kaxaayaaya kamaa yunaqqassoowbul'abyadu minaddanas, allaahumma gsilnii min kaxaayaaya bilmaa'I wassalji walbarad) (اللَّهُمَّ بَاعِدْ بَيْنِي وَبَيْنَ خَطَايَايَ كَمَا بَاعَدْت بَيْنَ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ ، اللَّهُمَّ نَقِّنِي مِنْ خَطَايَايَ كَمَا يُنَقَّى الثَّوْبُ الْأَبْيَضُ مِنْ الدَّنَسِ ، اللَّهُمَّ اغْسِلْنِي مِنْ خَطَايَايَ بِالْمَاءِ وَالثَّلْجِ وَالْبَرَدِ)

takkaa (subhaanaka allaahumma wabihamdika, wa tabaaraka ismuka, wata'aalaa jadduka,walaa ilaaha geyruka) (سُبْحَانَك اللَّهُمَّ وَبِحَمْدِك ، وَتَبَارَكَ اسْمُك ، وَتَعَالَى جَدُّك ، وَلَا إلَهَ غَيْرُك) duaaii tana lamaan keessaa tama taate qara'an.

1. A'uuzu billaahi minassheyxaani rrajiim. (gadi qabatanii)

1. Bismillaahi rrahmaani rrahiim. (gadi qabatanii)

1. Alhamdu lillaahi Rabbil'aalamiin * arrahmaani rrahiim * maaliki yawumiddiin * iyyaaka na'i budu wa iyyaaka nasta’iin * ihdinassiraaxalmustaqiim * siraaxallaziina an'amta aleyhim , geyrilmagduubi aleyhim waladdaalliin* aamiin*

أَعُوذُ بِاَللَّهِ مِنْ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

بِسْـــــــــمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيم(1)

الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ (2) الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ (3 مَالِكِ يَوْمِ الدِّينِ (4) إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ (5) اهْدِنَا الصِّرَاطَ الْمُسْتَقِيمَ (6) صِرَاطَ الَّذِينَ أَنْعَمْتَ عَلَيْهِمْ غَيْرِ الْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ وَلَا الضَّالِّينَ(7) آمين

1. kanatti aansanii homa namaa laafe itti qara'an qur'aana rraa , raka'ata lamaan duraa keessatti ta boodaa lamaan faatihama qara’a

1. Qaraatii qur'aanaa ol fuudhan,yoo salaata, magribaa, ishaaii fii subii tahe. Yoo zuhrii fii asraa tahe gadi qabatan

1. Akkuma wayta duraa sanitti harka lamaan ol fuudhanii – allaahu akbar الله أكبر – jedhanii jiba qabatan.

1. Wayta jilba qabatan mataa ufii ol hin dhaabanii marallee gadi hin buusanii duydaa fii mataa walqixxeessanii qubbiin harkaa adda babaasanii jilba qabatan .

1. (Subhaana Rabiyalaziimسبحان ربي العظيم) jedhan wayta 3—5…

1. Acchi keessatti niragga'an takkaa ni ititan , jarjaraan irraa ol hin deebianii.

1. (Samiallaahu liman hamidahuu Rabbanaa walakalhamdu ,سمع الله لمن حمده ربنا ولك الحمد) jedhaa jilbarraa ol deebi'an , yoo namaan salaatanii fii kopaa ufii yoo salaatan, yoo nama duubaan salaatan ammoo (Rabbanaa walakalhamu- ربنا ولك الحمد) ma qofa jedhan.

1. Asittillee harka ol fuudhan akkuma duraa sanitti.

1. Asittis sirriitti ol qajeelanii dhaabatan, haga lafeen hundi bakka ufiitti deebitutti.

1. Itti aansanii sujuudaaf bu’an jilba lamaaniin, eegasii harka lamaaniin , eegasii addaa fii funnyaaniin.

1. Humna torbarratti sujuuda godhan,isaanis , addaa fii funnyaan, harka lamaan , jilba lamaan , qacceelee miila lamaanii.

1. Sujuuda keessatti yoo ka nama hin rakkifne tahe, Irree lamaan cinaaccharraa acchi buqqisan ,garaallee gudeeda lamaanirraa ol fuudhan, gudeeda lamaanillee mogolee lamaanirraa ol fuudhan.- dhundhummee lamaanillee lafarraa ol kaasanii akkanatti sujuudan.

1. (Subhaana Rabbiyal'a'alaa- سبحان ربي الأعلى) jedhuu yaroo 3—5…

1. Isa keessattillee itituu ,jarjarsuu dhabanii.

1. Allaahu akbar- jedhanii irraa ol jedhuu,

1. Jidduu sujuuda lamaanii taauu , miila bitaa afatanii ka mirgaa dhaa banii ,harka lamaan diriirsanii gudeedarra kaayatanii.

1. (Allaahummagfirlii, warhamnii, wahdinii, wa'aafinii, warzuqnii.
اللهم اغفر لي ، ورحمني ، واهدني ، وعافني ، ورزقني) Jedhuu.
1. Asittillee xiqqoo turan (xuma'aniinaa) godhan.
1. Allaahu akbar - jedhanii sujuuda lammataa godhuu, isa kanas akkuma ka duraa sanitti dalagan waa hunda keessattuu.
1. Allaahu akbar – jedhanii raka'ata lammataatiif ol kauu, waahunda keessattuu akkuma raka'ata duraa sanitti dalagan waalama malee (Allaahu akbarii hidhannaatii fii duaaii salataan banan. jara lamaan itti hin deebian)
1. Yoo raka'ata lammataa guuttatan tasha hudaaf taauu, miila bitaa irra taa'anii ka mirgaa dhaabuu,harka lamaan gudeedarra takkaa jilbarra kaayatuu, harka bitaa diriirsanii ka mirgaa cabsatanii quba arrabsituutiin tokkocchummaa Rabbi akeekuu .

1. Attahiyyaata akkana jedhanii qarauu {Attahiyyaatu lillaahi , wassalawaatu, waxxayyibaatu, assalaamu aleyka

ayyuhannabiyyu warahmatullaahi , wabarakaatuhuu, assalaamu aleynaa wa'alaa ibaadillaahi ssaalihiina , ash hadu an laailaaha illallaahu,wa'ash hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluhuu. } (Allaahumma salli alaa muhammadin wa'alaa aali muhammadin kamaa salleeyta alaa Ibraahiima , wa'alaa aali Ibraahiima, innaka hamiidun majiid, wabaarik alaa muhammadin wa'alaa aali muhammadin kamaa baarakta alaa Ibraahiima wa'alaa aali Ibraahiima , innaka hamiidun majiid.

(التَّحِيَّاتُ لِلَّهِ ، وَالصَّلَوَاتُ ، وَالطَّيِّبَاتُ ، السَّلَامُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَةُ اللَّهِ وَبَرَكَاتُهُ السَّلَامُ عَلَيْنَا وَعَلَى عِبَادِ اللَّهِ الصَّالِحِينَ ، أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ ، وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ ، اللَّهُمَّ صَلِّ عَلَى مُحَمَّدٍ ، وَعَلَى آلِ مُحَمَّدٍ ، كَمَا صَلَّيْت عَلَى إبْرَاهِيمَ وعلى آل إبراهيم إنَّك حَمِيدٌ مَجِيد، وَبَارِكْ عَلَى مُحَمَّدٍ ، وَعَلَى آلِ مُحَمَّدٍ ، كَمَا بَارَكْت عَلَى إبْرَاهِيمَ وعَلَى آلِ إبْرَاهِيْمَ إنَّك حَمِيدٌ مَجِيدٌ .)

1. Yoo salaanni ta raka'ata lama lamaa taate akka salaata subhii faa ta akkaa salaata sunnaa attahiyaatarraa waan hafe itti guutanii asumatti salaama baafatan .(wanni hafe,waa afurirraa maganfatuu fii duaaii kadhatuu,san booda salaammatuu)

1. Yoo salaanni ta raka'ata sadihii takkaa ta raka'ata afurii taate,- Allaahu akbar – jedhee ol ka'a, harkallee ol fuudha.

1. Waan hafe kana akkuma ta duraa salaate sanitti salaata, sagalee ol hin fuudhu malee , suuraa biraallee itti hin qara'u malee.

1. Waan hafe yoo guuttate tashahuda boodaatiif taa'a,miila bitaa miila mirgaa jalaan baasee, taa'aa isaa tiin lafa gayee, takkaa tafa isaa tiin lafa gayee taa'a, miila mirgaa ni dhaaba , attahiyyaataa fii ergamaa Rabii irratti nagaya buusuullee, akkuma duraa sanitti qara'a, haatayuu nagaya buusuun tashahuda boodaa kana keessaatti dirqama , ka duraa keessatti sunnaa. Akkaataan teesumaa luka uf jalatti mara

1. Ergamaa Rabbii irratti nagaya buusutti aansanii , waa afurirraa maganfatan , akkana jedhanii (Allaahumma innii auuzu bika min azaabi jahannama, wa min azaabilqabri, wa min fitnatilmahyaa

walmamaati, wa min fitnatil masiihiddajjaali

اللَّهُمَّ إِنِّي ًعُوذُ بِك مِنْ عَذَابِ جَهَنَّمِ ، وَمِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا وَالْمَمَاتِ ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَسِيحِ الدَّجَّالِ

1. Kanatti aansanii duaaii irraa homa fedhan kadhtan . yoo tana kadhatanillee filatamaadha,(Rabbanaa aatinaa fidduniyaa hasanatan,wafil'aakirati hasanatan wa qinaa azaabannaari) akkasuma (

Allaahumma innii zalamtu nafsii zulman kasiiran walaa yagfiruzzunuuba illaa anta ,fagfirlii magfiratan min indika warhamnii innaka antalgafuururrahiim)

أو(رَبَّنَا آتِنَا فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً ، وَفِي الْآخِرَةِ حَسَنَةً وَقِنَا عَذَابَ النَّارِ
اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْت نَفْسِي ظُلْمًا كَثِيرًا ، وَلَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ ، فَاغْفِرْ لِي)
(مَغْفِرَةً مِنْ عِنْدِك وَارْحَمْنِي ، إِنَّك أَنْتَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ

1. Akkaataa dalagaan tun walitti aantee itti dalgamte kana eeggatuu , akka wal jala hin dabarsine.
1. Kana booda ni salaammata dura gara mirgaa titti (Assalaamu aleykum warahmatullaah,السلام عليكم ورحمة الله) jedhee , akkasuma gara bitaatittillee.
1. Namni akkanatti salaate hundeelee salaataatii fii dirqamoota isii akkasuma sunnaalee isiillee maraa walitti qabate.

الغسل منه ستة ما يجب

Wanni irraa dhiqatuun barbaacchisu waa jaha

1. Jaarsaa fii jaartiin walitti dabalamuu/ rafuu.
2. Bishaan ilmi namaa irraa argamu, ka maniyyii() jedhamu namarraa bayuu.
3. Dubartii takka wannii duydaa(heydiin) itti dhufuu.
4. Dubartii takka dayuu.
5. Namani tokko Du'uu (ka lola keessatti du'e malee)
6. Namni kiristaanaa tokko amanuu.

شروط الوضوء عشرة

Ulaagaaleen wuduu’aa kudhan

1. Muslima tahuu.
2. Mataan fayyaa qabaatuu.(maraataa tahuu dhabuu)
3. Ufbeekuu (waa addaan baafatuu waggaa yorba gahee yokaa ballagee
4. Wuduu’a goddhaa yaaduu(niyyatuu)
5. Niyyaa addaan kutuu dhabuu haga geessutti.
6. Wanti wuduua dirqama godhaa namarraa cituu.kan akka ammaa amma nama fincoysisu fa
7. Wuduua duratti nafa saalaa lamaan bishaniin dhiquu,takkaa dhagaan qulqulleessuu.
8. Bishaan ququlluu tahuu,ka itti dalagatuun hayyamamus tahuu.
9. Waan bishaan qaama wuduuaatti gahuu dhooggu ufirraa deemsisuu.
10. Nama ammaa amma wanti wuduua diigu isatti dhufu yoo tahe wuduua godhatuuf yaroon salaataa seenuu qaba.

فروض الوضوء ستة

Dirqammootiin wuduuaa jaha

1. Fuuala dhiqacchuu, Lulluuqacchhuu fii bishaan funnyaanitti ol fuudhanii gadi deebisuu waliin.
2. Harka lamaan ciqilee lamaan waliin dhiquu.
3. Mataa maraa quyyisuu, acchumaan gurra lamaanillee.
4. Miila lamaan kiyyoo lamaan waliin dhiquu.
5. Akka itti walitti aanu kana eeguu.
6. Walhordofsiisuu(walfaana oofuu)

****

نواقض الوضوء خمسة

Wanni wuduua balleessan waa shan

1. Waan karaa lamaaniin namarraa bahe.fincaan tahinaa, gadi teessuma tahinaa, maniyyii tahinaa,mazyii() tahinaa,hafuura tayinaa,dhiiga tayinaa,wanti karaa lamaaniin bahe martinuu wuduua ni balleessiti.
2. Sammuun (Aqliin) namarraa deemuu, hirribaan,takkaa maraatuun,takkaa gaggabaan,takkaa macchiin.
3. Nafa saalaa harkaan qabatuu,ka huccuun jidduu hin jirre.
4. Foon gaalaa nyaatuu.
5. Islaamummaa irraa garagaluu.(Rabbiin irraa nu haa eeguu) ()

شروط الصلاة تسعة

Ulaagaaleen salaataa sagal

1. Muslima tahuu.
2. Mataan maraatumarraa fayyaa qabaatuu
3. Waa addaan baafatuu (daaima tahuu dhabuu)
4. (Hadasa) ufirraa fuudhuu.(aakkana jecchuun:wan irraa dhiqatanirraa dhiqatuu fii waan wuduua iraa godhatan irraa wuduua godhatuu jecchuudha).hadasa wanni jedhamu waan salaata ama dhoorgu kqn qaama namaa xaharaa irraa fuudhu kan akka janaabaa fi waan karaa lamaaniin. Ahuuti hafuuras tahuu
5. Najisa ufirraa deemsisuu.(Nafaa, hucchuu fii bakka itti salaatanirraallee).
6. Nafa saalaa (owraa) dhoysuu.
7. Yaroon salaataa sanii gahuu.
8. Yeroo salaatan Fuula gara qiblaa(ka'abaa) garagalchuu.
9. Salaata salaatamu hedu kana salaataa yaaduu(niyyatuu)

أركان الصلاة أربعة عشر

Hundeeleen salaataa kudha afur

1. Namni dandayu dhaabbatee salaatuu
2. Allaahu akbar – jedhee hidhatuu.
3. Faatihaa qarauu.
4. Jilba qabatuu(Rukuua godhuu).Jilba qabatuu sanirraa .
5. Humna torabarratti sujuuda godhuu kallachas lafaan tuquu
6. Sujuudarraa ol jechuu.
7. Jidduu sujuuda lamaanii ol jedhanii taauu.
8. Hunduma dalagaalee salaataa keessatti xiqqo turuu (xuma'aniinaa godhuu)
9. Akka hundeeleen tun walitti aantuun kana eeguu(tartiiba isii eeguu)
10. Attaahiyyaata dhuma keessatti salaataaf salaama qarauu.
11. Attahiyyaata dhuma salaataa saniif taa ‘uu
12. Nagaya buusuu Ergamaa Rabbii irratti n.r.i.
13. Salaama lamaan baafatuu.

****

واجبات الصلاة ثمانية

Dirqamootiin salaataa saddeeti

1. Allaahu akbarii salaata keesssatti jedhn hunda (Allaahu akbarii hidhannaa malee)
2. Jeccha –samiallaahu liman hamidahuu- jedhu.(nama namaan salaatuu fii ka kopaa salaatuuf
3. Jeccha–Rabbanaawalakalhamdu- jedhu , hundaafuu.
4. Jeccha subhaana Rabbiyalaziim jedhu,rukuua keessatti.
5. Jeccha – subhaana Rabbiyal'a'alaa – jedhu,sujuuda keessatti.
6. Jeccha Rabbigfirlii…jedhu, jidduu sujuuda lamaanitti.
7. Attahiyyata duraa qara'uu
8. Taauu attahiyyaata duraa kanaaf.

مبطلات الصلاة ثمانية

Wanni salaata balleessan saddeeti

1. Beekkaan dubbatuu.
2. Kolfuu.
3. Nyaatuu.
4. Dhuguu
5. Huccuun namarraa saaqamtee qaamni silaa dhoyfamuu qabu mul'atuu.
6. Qiblarraa garagaluu.
7. Socchoa hedduu,walitti dhaabataa tahe socchouu.
8. Xahaaraan diigamuu, takkaa baduu.

Wanti asitti dubbatame kun hundinuu waan namani salaatu hundi beekuu qabuu waan taheef sirritti hubaddhuu beekii itti dalagadhu.
Yaa Rabbi dalagaa teenna maraa tasiif taate nuu godhii nurraallee fuudhi.

Nagayaaf Rahmanni Rabbii Haa gay rasuul Rabbi
Asumatti dhumata

Hiikaa fàatihaa

السلام عليكم ورحمة الله وبركاته

Tafsiira suuratul-faatiha

Suuratul faatihan maqaa heddu qabdi san keessa
-ummal kitaabii
-faatihatul kitaabi fi
-salaatalle ni jedhamti

Faatiha wanni jedhamteef isitu salaata ittin banatani kanaafi

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيم

(1)الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ

Faarruun ta rabbiti faarrun hundi ta Rabbi aalamaati

(2) الرَّحْمَنِ الرَّحِيم

Rabbii rahmataa bal'aa Rabbi rahmataa isaa abbaa fedheen gahu

(3) مَالِكِ يَوْمِ الدِّين ِ

mooti guyya galataa ka tahe ِ

(4) إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ

Yaa Rabbi sima qofa gabbarra sima qofa gargaarsifanna

(5) اهْدِنَا الصِّرَاطَ الْمُسْتَقِيمَ

Nu qajeelchi karaa qajeela ykn diriiraa

(6) صِرَاطَ الَّذِينَ أَنْعَمْتَ عَلَيْهِمْ

Karaan sun ka jallina hin qabne karaa isaannan tola irratti oolte katahe

غَيْرِ الْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ

Karaa warra irratti dallante kan hin tahin (Suni (yahuudadha

ْ وَلَا الضَّالِّينَ

Karaa warra jallatte kan hin tahin

Qopheessaan Ahmad arif Muhammad
Magaalaa Unaizaatti
Email. arkewazam@gmail.com
00966550625080
00251968120731